Barruu Odeeffannoo

Namoota qaama miidhamoo fi adeemsa eegumsa isaanii

Barruun odeeffannoo, qajeelfamoota hunda galeessa ta’an kan yeroo mala eegumsaa hojiirra oolachanii fi qabiyyeewwan Qabeenya fi Wiirtuu Gargaarsaa keessa jiran sirritti itti yaadamuu qaban agarsiisa. Gorsoota adda ta'an muraasas ni qaba.

Qajeelfamoota hunda galeessa ta’an[1]:

Ofitti haammachuu fi Loogii irraa bilisa ta’uu

Giddu galtummaa eegsisuu (safeguarding deterrence), ittisuu, gabaasu fi yeroo furmaanni/deebiin kennamu gidduu galuu keessatti qaama miidhamtoota yaada keessa galchuu dadhabuun, saaxilamummaa isaan dararaa/qisaasama saalaa, miidhaa fi hacuuccaa (SEAH) tiif qaban ol guddisa. **Namoonni qaama miidhamoon yeroo heddu haala hin beekamneen sochiiwwan eegumsaatiin ala taasifamu, kana jechuun balaan adda ta'e isaan mudate sun jalqabuma adeemsa karoora baasuu keessatti hin hammatamne jechuudha**.

Kanaafuu:

- Jalqabumarraa eegalee eegumsa hunda giddugaleessa ta’e jiraachuu isaaf leensiiwwan qaama miidhamaa adeemsa karoorsii hundumaa irratti hojii irra oolchaa jiraachuu keessan mirkaneessaa.
- Namoota qaama miidhamoo umrii, saalaa fi sadarkaa diinagdee hawaasaa kamiyyuu keessa jiran waliin hojjedhaa. Haala isaanii fi dhaabbilee bakka bu'oo isaanii akka qooddattoota furtuu saganteessicha keessa jiranittii.
- Karaa qaxxaamuraa irratti (fakkeenyaaf, dubartoota qaama miidhamtoota dhalootaan biyyichaa ta'aan) irratti xiyyeeffannoo guddisuudhaaf hojjettoota garaa garaa yaada keessa galchaa.

---

[1] Kunniinis qajeelfamoota UNCRPD waliin kan wal-simaniidha; maqaadhaan: mirgoota kabaja sirna uumamaaf kennuu, waan ofii filatan murteeffachuu fi dhunfaadhaan of danda’uu dabalatee ofiin of bulchuu, loogii taasisuu dhiisuu; hawaasicha keessatti hirmaannaa fi hunda galeessummaa bu'a-qabeessa ta'an qabaachuu;

Garaagarummaa kabajuun akkasumas qaama miidhamtoota akka garaagarummaa namaa fi namoomaa isaaniitti fudhachuu; Wal-qixxummaa carraa; gahinsa; wal-qixxummaa dhiirotaa fi dubartoota gidduu; ijoollee qaama miidhamoodhaaf humna ol-guddachaa adeemu kabajuun akkasumas mirga eenyummaa ijoollee qaama miidhamoo ta'anii kabajuu.

RESOURCE & SUPPORT HUB
UKaid from the British people

- Tarreeffama, mala wal simataa ta'e hojjadhaa (fakkenyaaf, tarreeffamichi dantaalee adda addaa kan dubartoota arguu fi dhagahuu hin dandeenyee, akka of keessatti hammate mirkaneessuu – adeemsi komunikeeshinii garaa gara).
- Yeroo Workishoppiin yookin leenjiin kamiyyuu qophaa'u, bakki, meeshaale fi malootni qophii hundi koorniyaa fi qaama miidhamtoota yaada keessa kan galche akkasumas hunda galeessa fi kan argamu ta'uu mirkaneessaa.

Gahiinsa/Argachuu Danda'uu

Tajaajilli argachuun hin danda'amne balaa guddisuu danda'a. Namoonni qaama miidhamoon akka namoota qaama miidhamoo hin taanetti tajaajiloota argachuudhaaf baayée rakkachuu danda'ú. Kunis haala balaa cimaa qabuuf isaan saaxiluu waan danda'uuf, fakkeenyaf, meeshaalee qulqullinaa yaada keessa galchaa. Tajaajiloonni kanneen SEAH irra hafan gargaaruuf jiru haala hin yaaddamneen qaama miidhamtoota of keessatti dabalachuu dhiisuu dandaú, yoo tajaajiloonni sun haala gahinsa hin qabneen yookin yoo hojjettoonni waayee qaama miidhamummaa irratti kaka'úumsa hin qaban ta'e.

Maloonni gabaasa hammatoo hin taane, namoota of keessaa waan hin qabneef, bu'a qabeessummaa hin qaban. Namni qaroo dhabeessa ta'e yookin qunnamtii (komunikeeshinii) barbaadu akkasumas dubbisuu hin dandeenye tarii komii dhiyeessuu keessattii rakkoowwan isaan mudachuu danda'u, keessumaayyuu yoo malli gabaasichaa namni sun akka barreessuuf kan isa gaafatu ta'e. Haaluma wal-fakkaatuun, maloonni gabaasaa filannoo, fakkeenyaaf namoota gurri hin dhageenyeef, yookin namoota dhibee sammuu qabaniif tarii icciitii fi nageenya namaa balleessuu danda'a kunis balaa jiru babal'isa.

Kanaafuu:

- Rakkoo tajaajila argachuu dhabuu sababa saxaxaa/dizaayinii prirojektii fi hojiirra oolmaa isaatiin dabalaa dhufe furaa.
- Malli gabaasaa tokkoo fi isaa ol taán jiraachuu isaanii akkasumas namoota qaama miidhaamoo garaagara kan saganticha keessatti hirmaachuu danda'án waliin ta'uudhaan kan saxaxaman/qophaa'an taúu isaanii mirkaneeffadhaa.

Odeeffannoo argachuu danda'uun fi odeeffannoon haammataa ta'e, kan karaalee garaa garaatin dhiyaatan ergaan dafee akka galma gahu taasisa. Namoonni mirgoota isaanii karaa isaaniif ta'uun hubachuudhaaf gargaaramuu qabu, meeshaalee fi tajaajiloota argachuudhaaf wal-qunnamtii saalaa raawwachuuf dirqama akka hin qabne yookin nama qaama miidhamaa hin taane waliin tajaajila wal-fakkaataa argachuudhaaf mirga guutuu akka qabaataniif deeggaramuu qabu. Haaluma wal-fakkaatuun, hojjettoonni gargaarsaa fi misoomaa qaama miidhamtoota ta'an bakkee hojii isaanii keessatti hojiidhaaf nageenyi itti dhagahamuu qaba akkasumas dhaabbilee isaan keessaa hojjatan keessattii mallattoowwan gudeeddii saalaa fudhatamuu akka hin qabne agarsiisaan (fi shakalliiwwan loogii bifa biraa qaban) arguu qabu. Bakka itti gabaasa godhan akkasumas bakka tajaajila barbaadan itti argachuu danda'an dirqama beekuu qabu.

Odeeffannoo qooduu fi kaka'umsa horuun dhaabbilee gargaarsaatiin dhiyeeffaman fedhiiwwan hawaasaa dubbachuu qabu akkasumas namoonni qaama miidhamoo ta'anis (kanneen tarii gahinsa barnootaa wal-fakkaataa ta'e hin qabne yookin kanneen arguu, dhagahuu yookin haasawuu hin dandeenyes) odeeffanoo ifa ta'e argachuu isaanii mirkaneessuu qabu.

Kanaafuu:

- Saffisa gahinsaa waantonni jiran ittiin argaman mirkaneessuudhaaf namoota qaama miidhamoo akkasumas dhaabbilee bakka bu'oo isaanii ergaa saxaxa SEAH akkasumas qunnamtiiwwanii (komunikeeshinii) irratti hirmaachuu isaanii xiyyeeffannoo keessa galchaa
- Namoota qaama miidhamoo odeeffannoo fi kaka'umsa irraatti hirmaachisaa-Mijaa'inaa fi fudhatama ergaawwanii mirkaneessudhaaf sochiiwwan keessan ol kaasuu.

Wal-qixxummaa saalaa/koorniyaa

Loogiwwan qaama miidhamummaa, wal-qixxummaan saalaa jiraachuu dhabuun gaafa walitti dabalamu, dubartoonni, shamarranii fi dargaggoonni qaama miidhamoo saaxilamummaan isaan SEAH dhaaf qaban baay'ee ol ka'aadha. Namoonni shamarran, durboota akkasumas ga'eessota miidhudhaaf/qoccoluudhaaf carraa eeggatan tarii qaama miidhatootaa kan komii illee dhiyeefachuu hin dandeenye, ilaalcha keessa galchuu danda'u, yookin sababoota armaan olitti ibsaman baay'ee isaaniitiif yoo komii dhiyeeffatan illee komiin isaanii illee namni iddoo itti kennu hin jiru jedhanii waan yaadaniifi. Namoonni qaama miidhamoo akkasumas dhaabbileen bakka bu'oo isaanii tarii rakkoo isaan mudate sana irratti miseensota dubaraa yookin shamarran aangoo bulchiinsaa irra waan hin jirreef sagaleen isaanii hin dhagahamu.

Kanaafuu:

- Namoota qaama miidhamoo fi dhaabbilee bakka bu'oo isaanii waliin yeroo hirmaattan, bakka bu'oota garaagaraa kan dubartoota of keessatti haammatan, durboota akkasumas ga'eessota qaama miidhamoo ta'an bakkeewwan garagaraa irraa akkasumas namoota gareewwan rakkoo addaa qaban barbaadaa ilaalaa.
- Leensii qaama miidhamoo sagantaawwan koorniyaa/saala idileessu fi maloota koorniyaa irratti xiyyeeffatan kanneen dubartoota, shammaranii fi dargaggoota qaama miidhamoo ta'an utubuuf kaayyeeffate waliin wal simsiisaa.

Giddu galtummaan shamarran, durboota akkasumas ga'eessota qaama miidhamoo ta'an jajjabeessuuf yaada ijoo leensii eegumsa qaama midhamoota of keessatti haammatu argachuuf hojii irra kan oolchudha.
Imalli eegumsaa sadarkaalee afur itti qoqqoodamee jira. Sadarkaaleen hundi dhaabbileedhaaf gaaffiilee calaqqisiisuuf, akkasuman ejjennoo isaanii gara qajeelcha, shaakallii akkasumas aadaa eegumsaa isaanii cimsuudhaaf akkasumas saaxilama saalaa fi gudeeddiitiif (Sexual Exploitation and Harassment, SEAH) jiran irratti furmaata kennuu keessa darbu.

- Eegumsa gochuun maali?
- Akkamittiin akka eegumsa goonuu fi karoorsinu?
- Eegumsa gochuudhaaf maaltu barbaachisaa?
- Yoo rakkoon jiraate maal gochuu qabna?

Yaadonni ijoo gabatee armaan gadii keessatti ibsaman dadhabsiisoo miti garuu haala jiru waliin baayée kan wal-qabatanidha.

Gahinsa	Dandeettii	Kan ilaamam (Kan xiyyeeffatame)

Odiitii sagantaa, odeeffannoo, qunnamtii fi bu'uuraalee/wantoota barbaachisoo qaama miidhamoo gaggeeessuuf, namoota qaama miidhamoo fi dhaabbilee bakka bu'oo isaanii waliin hojjedhaa.	Beekumsa qaama miidhamootaa akkasumas kaka'uumsa hojjettootaa, paartinaroota akkasumas abbootii dhimmaa biroo (deggarsa xiin sammuu hawaasaa, poolisii, misoomota fayyaa akkasumas hojjettoota barnootaa) keessatti ijaaruu. SEAH ittisuuf gochoota badii hawaasaa akkasumas madaallii dhabinsa humnaa hambisuuf bakka danda'ame hundattii akka leenjisaattii namoota qaama midhamoo waliin hirmaadhaa.	Neetowoorkii namoota qaama miidhamoo ta'an gargaaruu (keessumaayyuu kanneen ulaagalee deeggarsaa olaanaa qaban) kan komiiwwan akkasumas qorannaa SEAH keessatti hirmaatan adda baafadhaa.
Maloonni odeeffannoo SEAH akkasumas Gabaasaa saffisa bifoota garaagaraa keessatti dhiyaate akkasumas karaalee garaagaraa (akka, raadiyoo, hoggantoota hawaasaa, barnoota dhabinsaan fi kkf) tatamsa'ee jira.	Saxaxa pirojeektii fi ijaarsa isaa keessatti ilaalchota jijjiiruuf, akkasumas rakkoowwan saalaa fi qaama miidhamummaa irratti xiyyeeffataniif qacarrii namoota qaama miidhamoo akkasumas dubartootaa jajjabeessaa.	Deeggarsoota, gorsoota akkasumas leenjiidhaaf dubartoota, daa'imman fi qaama miidhamtoota waliin yeroo dheeraaf akkasumas irra caalmaan yeroo to'annoon irratti hin gaggeeffamnetti hojjettoota addatti ilaammii keessa galchuu
Wantoonni barbaachisoon saganteeffamuu mirkaneessaa; namoota qaama miidhamoo rakkoo dabalataaf hin saaxilinaa (misoomoni qulqullinaa gahinsa qaban furtuuwwan qabaachuu qabu)	Gabaasa icciitii garaagaraa saganteessuuf maloonni ulaagaalee qaama miidhamummaa adda ta'e calaqqisisuuf gargaaran dubartoota fi dhiirota umrii hundaa akkasumas gareewwan qaama miidhamoo hunda waliin hojjedhaa.	Namootni qaama miidhaamoo ta'an waa'ee mirga isaanii, dirqama isaanii, adeemsa gabaasaa akkasumas ilaalcha SEAH keessa isaanii jiru jajjabeessuuf namoota qaama miidhamoo akkasumas dhaabbilee bakka bu'oo isaanii akkasumas maatiiwwan garee sanaa waliin hojjedhaa.
Hirmaachisummaan qaama miidhamaa hangam akka hojiirra oole mirkaneessuuf, geengoo/marsaa duubdeebii hirmaachisummaa karoora nageenya mirkaneessuu keessatti akka hammatamu godhaa.		